# Ummata Oromoo fi Oromiyaa Itti Maaliif Diinni Baayyataa?

FIRAOL GUUTUU Irraa

Akkuma seenaa irraa dhageenyetti, akkuma argaa jirutti oromotti diinni ni baay'ata ! Maaliif laata ? Sababa isaa yoo barree rakkina kana huddeen doomsuun salphaadha!Ani ta'ee yaadee yaadee gaaffii kanaaf deebii soqaa yeroo hedduu balleesera, akkakootti waan dhugaa qabatamaan hubadhe sabakoo biraan gahuuf qubeekoon eegale,Hayyoonni ,midi'alleen oromoo irratti hawaasa haa mariisisu , kaanis ergaa kana dubbisee waliin irratti hiriyyootaan marii'achuun salphiana kanaaf deebii xumuraa itti laachuun dirqama lammummaa haa bahu! Oromotti diinni kan baay'atuuf:-

1. Oromoon kan uumaa isaa waaqessu, afaaniifi aadaa isaan boonu akkasumas uumama hundaaf kabaja qabu waan ta'eef, inni kuun diinaaf gufuu ta'e nuun fakkaadha,afaan keenya haasa'a, waaqa keenya waaqessa, nu malee of hin ta'iinaa ergaa jedhu qabaachuun diinni nuratti baayya'atte.

2. Oromoon gara laafessa ,arjaa sorgaana, kan qabu kan hiru ,rakkataa kan gargaaru, mana isaa karaa deemaa kan bulchu waan ta'eef, irraa nyaachuu ,harkaa dhuguu ,kan isaa saamuu ,hiyyoomsuu fi jedhee lafaa fi qee'ee isaa irraa balleessuuf diinni irratti wal ijaare ka'e! Halaan garaamomuun oromoo diina irratti margisiise.Sagaleen waaqayyoollee kitaaba qulqulluu keessatti akkas jedha, akka gugeetti garraamomaa, akka bofaattis abshaaloma jedha, kana jechuun lamaan isaaniyyu ni barbaachisu ,oromoon garuu eenyuuf, maaliif hagamitti akka garaamomu dagate. kan isa balaalefatuu fi kan jiraachuu isaa mormuun isa ajjeesaa jiru irratti garaamummaa baay'ise!

3. Qabeenyi oromoo diinni isaa akka irratti baay'atu taasise!Oromiyaan uumamaan badhaatuu ta'uun ishee harooni fi lageen, albuudotaa fi miniraalotaan akkasumas bineensota bosonaa fi manaan , garewwan hawwatoo turstiif kkf hundaa waan badhaatuu taateef , diinni ishee simiti anatu nyaata gabbata ,ilamaan koo irratti guddisa , halagaa ittiin fira bitadha jedhee oromootti diinni baay'ate. Nuti garuu beela'aa ari'atamaa,ajjeefamaa,godaanaa qeef qabeenya abbaa keenyaa halagaaf laachaa jiraachuu filachaa ture.kuni garuu itti fufuu akka hin qabnne sammuun qeerroo hubateera wareegamaan of kabachiisuuf ka'eera!

4. Garamummaa saba oromoo diinaaf daandii ta'e : utuu oromoon akka qeeransaati yogguu tuqan utaalee diina isaa faccisee du'aa hin hafnu ,saamamaa hin hafnu yeroo gamaa manni fi lubbuun badu nabira hin geenye jedhee haasaa qoosaan dabarse ,dabareen geese innis du'aaf kaballaa harka diinaa utuu mooti biyyaa ofiin jedhu dhudha'ee taa'e.Rakkoon koo boru tarii furmaata argata jechuun garaamummaan diina isaa garaa naaf laafa jedhee taa'uun isa ajjesisaa ture. Gama biraan hawwaasa keessatti ,walgahii kam irrattiyyuu utuu mirga isaani saba fi maalummaa isaani utuu hin laatiin lubbuun isaan akka hoolatti gora'ate hedduu jira, galanni isaani bara baraan haajiraatu har'a nuti qeerroon bu'aa qabsoo isaaniti, seenaan isaan yaadatti! ta'us garuu akka dimshaahsaatti dubbachuuf garamummaan saba keenyaa diinaaf

dabarsee nulaateera, orma akka mataa keenyaati ilaaluufi yaaduufiin keenya nurratti haalbee qarachiise ! Kunis itti hin fufu.

5. Oromoon cimaa ta'uu isaa diinna irratti cimise :Cimaan ,gootni biyya kamitti gama diinaan hin jaalatamu, diinni keenya oromoon akka haalaan cimaa beekaa, hayyuu of keessaa guddifachuufi of bulchuu danda'u haalaan beeka , kanaafu ciminina saba keenyaa karaa adda addaa doomsaa, carraa barnootaa owwachaa, taayitaafi aangoo olaana owwachaa , akkkasumas akka of tufatu taasisuu irraati afaanifi aadaa isaa awwaaluuf carraaqii hedduu taasisan kanaanis hedduu nu miidhan ,hayyoota 'lort' noble price badhaafamuu qaban oromiyaan dhabdeetti. Cimaa ta'uun keenya garuu haga har'aatti bu'aa guddaa nuuf hin buufne ! Maaliif ? isa kaanaaf deebi hin qabu ani…….. Hayyuu, cimaa goota, kkf silaa biyya keenya bilisoomse adunyatti faajii ABO mul'isee ture , garuu hin taane seenaafan dhiisa.

6. Iccitii qabachuu dadhabuu Oromoo:- Dhugaa dubbachuuf,naminis akka dhuunfaati , sabnis akka sabaatti icitii qaba. Nuti garuu garamummaa yoking amantoo namaaf qabnu irraa kan ka'een iccitii hin qabannu. Iccitii qabsoo, hiriyyaa,maatii, qabeenyaa, adaa, amantaa kkf qabachuun hedduu barbaachisa ture. Iccitii qabaachuu dadhabuunkeenya maarraa madde? sodaadha, garalaafummaa dha, tuffiidha, arjummaadha, of mul'isuudha?Iccitii qabachuu dadhabuun maalummaa diinaa akka firaatti ilaaluun wallaallummaa dha,

7. Obsa baay'isuu oromoo diina irratti baay'ise:- Obsaan annan goromsaa dhugaa inni jedhu bilisummaa oromoof hin hojjenne,gama cininatanii hadhooftuu qabsoo dhuguun diinarratti qabsaahuun. Gama biraan utuu du'uu ,utuu ajjeefamuu ,utuu hiriyyaan biraa hidhamuu, utuu boru isin duguugnaa jedhamee itti himamuu , waaqayyo balaa tasaa buusuun diinota keenya guyyaa tokko nuuf fixa jechuunharka maratee obsa gowummaa keessatti jarraa hedduuf kufeera, xoofoo salphinaa keessaa dhugeera! obsi kuun daangaa dhabde diinnis isaan homaa miti yeroof iyyuu, yeroof mormu kan jedhu qofaa malee , diina irratti waa biraa hin finne! Qeerroon garuu obsuun diinaratti second tokkof illee akka aarmaan booda hin jirre amanee dhaamsa dabarsa.

8. Wal-tuffiifi wal-qooduu oromoo diinaaf daandii ta'e:- Bara durii sangoota sadii bosona keessa hoomaa warabessaa of irraa eegee jiraacha ture jedhama, yero biraa waraabonni tooftaa uummachuun sangoota tokkumaan isaan injifataanii jiraachaa turan wal shakkiifi miiraa ofittuummaa keessatti uumuun addaan qoqoodattee nyaate jedhama. Nuti oromoon galaana, utuu tokko taanee diinni keenya unuuf ciree turte, garuu hin taane seenaa yaraan kun yeroon itti jijjiiramu ammadha. Tokko taanee wal kabajuun diina keenya irratti qabsaa'uun amma!

INJIFANNOON UUMATA OROMOOF

GADAAN GADAA BILISUMMAATI!

FIRAOL GUUTUU , 24/2/2015